Bulchiinsa Mootummaa Naannoo
Oromiyaatti Biiroo Misooma
Magaalaa fi Manneenii
Oromia Regional Goverment
Urban Development &
Housing Bureau
Finfinnee / Addis Ababa /

በኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት መስተዳደር
የከተማ ልማትና ቤቶች ቢሮ
ፊንፊኔ /አዲስ አበባ/

Lakk.
ቁጥር B-B/481/65

Guyyaa
ቀን 21/09/16

Bulchiinsa Magaalaa Shaggariitiif

Bulchiinsa Magaalaa Adaamaatiif

Bulchiinsa Magaalaa Bishooftuutiif

Bulchiinsa Magaalaa Shaashamanneetiif

Bulchiinsa Magaalaa Jimmaatiif

Bulchiinsa Magaalaa Naqamteetiif

Bulchiinsa Magaalaa Roobeetiif

Bulchiinsa Magaalaa Maayaatiif

Bulchiinsa Magaalaa Asallaatiif

Bulchiinsa Magaalaa Mojootiif

Bulchiinsa Magaalaa Ambootiif

Bulchiinsa Magaalaa S/Bakkeetiif

Bulchiinsa Magaalaa Walisootiif

Bulchiinsa Magaalaa Aggarootiif

Bulchiinsa Magaalaa Mattuutiif

Bulchiinsa Magaalaa Najjootiif

Bulchiinsa Magaalaa Bulee Hooraatiif

Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisootiif

Bulchiinsa Magaalaa Dodolaatiif

Bulchiinsa Magaalaa Shanootiif

Bulchiinsa Magaalaa Holotaatiif

Bulchiinsa Magaalaa Mooyyaleetiif

Bulchiinsa Magaalaa Baatuutiif

Bakka jiranitti

Dhimmi :- Qajeelfama Misoomaa fi Bulchiinsa Bu'uuraalee Misoomaa Magaalota Naannoo Oromiyaa erguu ilaallata

Akkuma gubbaatti ibsuuf yaalame Bu'uura Aangoo Bu'uura Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Gurmeessuu, Aangoo fi Hojii Isaanii Murteessuuf Bahe, Labsii Lakk. **242/2014** keewwata 19(13) fi 73(3) tiin qorannoo fi haala qabatamaa jiru irratti hunda'uun Qajeelfama Misoomaa fi Bulchiinsa Bu'uuraalee Misoomaa qopheessuun barbaachisaa ta'ee argamee jira

Haaluma kanaan qajeelfama qophaa'e Fuula 12 qabu xalaya gaggeessituu kanaan walitti hiinee isiniif ergine guyyaa qajeelfamni kun bahe irraa eegalee akka hojiirra oolchitan cimsinee isin beeksifna

Nagaa wajjiin

Birhaanuu [illegible]
I/A/ H/ Biiroo [illegible]
Misooma [illegible]

G/G
- Hogganaa Biirootiif
- Daayirekterectii T/ Seeraa Biiroo Keenyaatiif
- Daay/B/M/F/Galii Mana Qopheessaatiif

BMMMO

+251 11369 2821/ 011 896 0806 101473 E-mail: info@bmmmo.com
Website: www.oromiya.gov.et or www.bmmmo.gov.et/web/guest Finfinnee (Addis Abeba)
Deebii yeroo kennitan lakkoofsa xalayaa keenyaa caqasaa!
እባክዎ መልስ ሲሰጡ የደብዳቤያችንን ቁጥር ይጥቀሱ!
Please quote our Ref. No. while replying

Qajeelfama Lakkoofsa 29/2016

## Qajeelfama Misoomaa fi Bulchiinsa Bu'uuraalee Misoomaa Magaalota Naannoo Oromiyaa

Bu'uuraalee misoomaa magaalota naannoo keenyaa keessatti hojjatamaa jiran haalli bulchiinsa isaanii, hojimaata diriirsuun barbaachiisaa ta'ee waan argameef;

Ijaarsaa bu'uuraalee misoomaa sadarkaa magaalaatti sagantaalee adda addaatiin fayyadamummaa uummataaf jecha hojjataman sirni ittiin hoogganamuu fi hordoffiin taasifamu tajaajila hojjatamaniif, sirna itti gaafatamummaa diriirsuun waan barbaachiiseef;

Ijaarsi bu'uuraalee misoomaa magaalota keessatti gaggeeffaman karaa baasii qusachuu danda'uun, qaama gahumsa ogummaa, beekumsaa fi muuxannoo hojii misooma pirojeektotaa yookiin ijaarsaa qabuun akka hojjataman taasisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Pirojeektonni bu'uuraalee misoomaa magaalota keessatti hojjatamaa jiran karaa qulqullinaa fi ariitii qabuun akka hojjataman hojimaata itti gaafatamummaa fi iftoomina qabu diriirsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Bu'uura Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Gurmeessuu, Aangoo fi Hojii Isaanii Murteessuuf Bahe, Labsii Lakk. 242/2014 keewwata 19(13) fi 73(3) tiin Qajeelfamni kanatti aanu bahee jira.

## KUTAA TOKKO

### Tumaalee Waliigalaa

**1. Mata Duree Gabaabaa**

**Qajeelfamni kun "Qajeelfama Misoomaa fi Bulchiinsa Bu'uuraalee Misoomaa Magaalota Naannoo Oromiyaa lakk 29/ 2016" jedhamee waamamuu ni danda'a.**

**2. Hiika**

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, qajeelfama kana keessatti:

1) "**Biiroo**" jechuun Biiroo Misooma Magaalaafi Manneenii Oromiyaati.
2) "**Bu'uuraalee Misoomaa**" jechuun ijaarsawwan bu'uuralee misooma magaalicha keessatti hojjatamanii fi tajaajila kennan kanneen akka daandii, bo'oo lolaa, sarara ibsaa, sarara

bishaanii, riqicha, qeeraa, giddugala gabaa, iddoo balfaa, buufata konkolaataa, mana fincaanii uummataa fi kan biroo jechuudha.

3) **"Bulchiinsa magaalaa"** jechuun Magaala qaama seerumman kennameef ta'ee mana maree mataa isaa, mana maree bulchiinsaa sadarkaa magaalaa Meetiroopoolisii, Rijiyoopoolisii, Muummee, Olaanaa, Giddu Galeessaa fi Bulchiinsa Magaalaa Guddattutti hundeeffame jechuudha.
4) **"Bulchiinsa bu'uuraalee misoomaa"** jechuun bu'uuralee misoomaa fi akkaataa barbaachisummaa isaatti gandoota baadiyaa keessatti magaalichaafi qaamolee adda addaatiin hojjatamanii hawaasaaf tajaajila kennaa jiran eeguu, to'achuu fi hordofuu jechuudha.
5) **"Daandii"** jechuun Daandii qaama mootummaa fi hirmaannaa hawaasaatiin daangaa magaalaa fi akkaataa barbaachisumaa isaatti gandoota baadiyaa kessatti ijaaraman jechuudha.
6) **"Magaalaa"** jechuun magaalaa qaamni seerummaa magaalummaa kennameef jechuudha.
7) **"Pirojeektii"** jechuun bu'uuraalee misoomaa baajata kaappitaalaa Mana Qopheessaa, baajata idilee, baajata Mootummaa Naannoo, baajata deeggartoota liqii misoomaa alaa irraa arganu, arjoomtotaa fi hirmaannaa unmataatiin magaalaa keessatti hojjetaman jechuudha.
8) **"Waajjira"** jechuun Waajjira Mana Qopheessaa magaalaati.
9) **"Nama"** jechuun nama uumamaa yookiin qaama mirgi namummaa seeraan kennameefiidha.

### 3. Ibsa Koornayaa

Qajeelfama kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

### 4. Daangaa Raawwatiinsaa

Qajeelfamni kun magaalota mootummaa naannoo Oromiyaa qaama seerummaa Magaalummaa qaban hunda irratti raawwatiinsa kan qabu ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti Gandoota baadiyyaa bu'uuraalee misoomaan walitti hidhaman irratti raawwatiinsa ni qabaata.

### 5. Kaayyoo Qajeelfamichaa

Qajeelfamichi kaayyoo armaan gadii ni qabaata.

1) Ijaarsi bu'uuraalee misoomaa magaalota keessatti gaggeeffamu karaa qulqullina, iftoominaa fi itti gaafatamummaa qabuun akka hojjetamuuf hojmaata diriirsuu;
2) Bulchiinsa bu'uuraalee misoomaa ilaalchiisee hojimaata ifa ta'e diriirsuu;



Biroo Misooma Magaalaa fi Manneenii · Mana Galmee · Oromia Urban Development and Housing Bureau

3) Akkaataa bu'uuraalee misoomaa magaalota keessatti ijaaramanii xumuraman ittiin walharkaa fudhiinsi taasifamu diriirsuu;

6. Qajeeltoowwan Qajeelfamichaa

Qajeelfamni kun qajeeltowwan armaan gadii ni qabaata.

1) Hojiiwwan hojjataman hundi fedhii hawaasa naannoo fi tarsiimoo guddina magaalaa giddugaleessa kan godhate ta'uu;
2) Hojiiwwan misoomaa gaggeeffaman ilaalchiisee jiraataan magaalaa iftoomina akka qabaatu taasisuu;
3) Hojiiwwan bu'uuraalee misoomaa hojjetaman keessatti hirmaannaan hawaasaa akka jiraatu taasisuu;
4) Pirojeektiin misoomaa magaalota keessatti hojjatamu dhiibbaa faallama qilleensaa naannoo irratti karaa hinqaqqabsiifneen kan hojjatamu ta'uu;
5) Bu'uuraaleen misoomaa magaalotaa keessatti hojjataman miidhagummaa fi hawwattummaa giddugaleessa kan taasise ta'uu qaba.

KUTA LAMA

Qophii Karooraa, Dizaayiniifi Ijaarsa Bu'uuraalee Misoomaa

7. Adeemsa Qophii Karoora Pirojeektotaa

Pirojeektiiwwan bu'uuraalee misoomaa magaalaa keessatti hojjatamu;

1) Fedhii jiraataa magaalaa sadarkaa Aanaa yookiin Gandatti jiraachuu;
2) Ragaa mariin jiraataa magaalaa waliin taasifamuu agarsiisu sadarkaa Aanaa fi gandaatti qindaa'ee jiraachuu;
3) Misooma pirojeekticha geggeessuuf jiraattotni walakkaa oliin kan waliigalan ta'uu qaba.

8. Fedhii bu'uuraalee Misoomaa Sadarkeessuu

Fedhiin Bu'uuraalee misoomaa sadarkaa gandaa Magaalaa yookiin Aanaa magaalaatti marii hawaasaan adda bahanii dhiyaatan, sadarkaa magaalaatti murteef kan dhiyaatan ta'ee, ulaagaa armaan gadii tiin kan sadarkeeffaman ta'a.

1) Misoomichi fedhii naannichaa fi tarsiimoo guddina magaalaan kan walsimuu ta'uu mirkaneessuu;
2) Pirojeektichi tarsiimoo guddina hawaas-diinagdee magaalaaf bu'aa olaanaa qabaachuu mirkaneeffachuu;

3) Pirojeektichi pilaanii magaalaa waliin kan walsimu ta'uu mirkaneeffachuu;
4) Uwwisa baajataa amansiisaa kan qabuu fi bu'a qabeessummaan isaa kan mirkanaa'e ta'uu;
5) Pirojeektichi hojii dhabeeyyiif carraa hojii kan uumuu ta'uu mirkaneeffachuu;
6) Pirojeektichi sadarkaa guddina ammaa fi egeree magaalichaa giddugaleessa kan godhatee ta'uu mirkaneeffachuu;
7) Madaallii eegumsa naannoo kan eege ta'uu;
8) Pirojeektii hawaasaa bal'aa fayyaduuf dursi kennamuu isaa mirkaneeffachuu;
9) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1-8) jalatti ulaagaawwan tarreeffaman jiraatus, amala pirojeektii irratti hundaa'uun karaa adda ta'een qoratamee faayidaa hawaas-diinagdee olaanaa magaalaaf murteessaa ta'e yoo argame, murtee mana maree bulchiinsa magaalichaa murteessuun kan hojjetamu ta'a.
10) Pirojeektonni bu'uuralee misoomaa akkaataa ulaagaalee Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1-9) jalatti ibsameen sadarkeeffaman Bulchiinsa magaalaaf dhiyaatee kan murtaa'uu ta'a.
11) Pirojeektonni bu'uuraalee misoomaa Bulchiinsa magaalaa bara baajataatti hojjachuuf qabate yaadni murtoo Mana Maree Magaalaatiif dhiyaatee kan mirkanaa'u ta'a.
12) Pirojeektonni magaalota Mana Maree hinqabne keessatti hojjatamuuf karoorfaman Mana Maree Aanaatiif dhiyaate kan mirkanaa'u ta'a.
13) Pirojeektota yeroo mana mareen mirkanaa'an seektaroota dhimma ilaallatu hundi akka beekan ni taasifama.

## 9. Qophii Diizaayinii Pirojeektotaa Bu'uuraalee Misoomaa

Dizaayinii pirojeektota bu'uuralee misoomaa yeroo qophaa'u;

1) Pirojeektiin bu'uura misoomaa iddoo sana irratti ijaarame jiraachuu fi jiraachuu dhabuu;
2) Qorannoon biyyee akkaataa barbaachiisummaa isaatti gaggeessuu;
3) Dizaayiniin qophaa'uu fi iddoo ijaarsaaf filatame walsimuu;
4) Qophii dizaayiniin dura qooda fudhattoota kanneen akka Humna ibsaa, Tajaajilaa Bishaanii, Teelee fi kan biroo waliin marii gaggeessuun;
5) Diizaayiinin yeroo qophaa'u pilaanii magaalaa waliin kan wal simu ta'uu;
6) Dizaayiniin qophaa'u bu'uura ogummaa dizaayiniichi barbaaduun ogeessa Mana Qopheessaa, dhaabbata gorsaa, ogeessa seektaraa biroo irraa bakka bu'iinsaan deeggersa



Biiroo Misoomaa Magaalaa fi Manneenii Oromiyaa
Mana Galmee
Oromia Urban Development and Housing Bureau

kennuun kan qophaa'u ta'ee; qaamni qopheessu koppii hayyama ogummaa isaa waliin Mana qopheessaaf dokimeentii mallattaa'ee fi soofti koppii kennuu qaba.

**10.** Haala waliigalaa Bu'uuralee Misoomaa

Pirojektiin bu'uuraalee Misoomaa Kamiyyuu;

1) Tilmaamni baajata pirojeektotaa yeroo qophaa'u gatii baaqqee yeroo Abbaan Taayitaa Konistiraakshinii Oromiyaa baaseen raawwatamuu qaba.
2) Dizaayiniin qophaa'e xalayaan qaama aangoo dizaayinii mirkaneessuuf qabuuf ergamee kan mirkanaa'u ta'a.
3) Pirojeektonni bu'uuraalee misoomaa magaalaa keessatti hojjataman osoo bittaan hin gaggeeffamin kabachiisni daangaa fi iddoo ijaarsaa guutummaa guututti bulchiinsa magaalaa yookiin qaama dhimmi ilaallatuun xumuramu qaba.
4) Dizaayiniin mirkanaa'e deebi'ee irratti akkaataa seera bittaa naannoo Oromiyaa hojii irraa jiruun bittaan pirojektii ijaarsaa kan gaggeeffamu ta'a.
5) Pirojeektiin kamiyyuu osoo gara adeemsa bittaatti hingalin hojii calallii eegumsa naannoo fi hawaasummaa xumuramuu qaba.

**11.** Haala Qophii Dizaayinii Daandii

Dizaayiniin daandii bu'uuraalee misoomaa qophaa'u;

(a) Nageenyaa daandii kan mirkaneesse ta'uu;
(b) Haala pilaanii magaalichaa fi baay'ina sochii tiraafikaa magaalichi qabu irratti hundaa'uun qopheessuu;
(c) Kutaa hawaasaa hunda karaa tajaajiluu danda'uun qophaa'uu;
(d) Daandiiwwaan gurguddoon magaalaa keessaa ammayya'aa fi yaa'iinsa sochii tiraafikaa gosa adda addaa kan keessumeessu ta'uu;
(e) Qaama miidhamtootaa fi daa'immaaniif karaa nageenyummaa isaanii mirkaneesseen ta'uu;
(f) Aadaa fi duudhaa hawaasaa, iddoowwan boqonnaa, Artii, iddoo aragalfii ummataaf kan biroo keessatti kan hammate ta'uu;
(g) Sochii fayyadamtoota daandii lafoof mijaawaa karaa ta'een istaandaardii eeggatee qophaa'uu;
(h) Diizaayiniin daandii dhagaa bocamaa yeroo qophaa'uu akkaataa maanuwaalii daandii dhagaa bocamaa qophaa'eetiin kan hojjatamuu ta'uu;



Biiroo Misooma Magaalaa fi Mana... Mana Galmee Oromia Urban Development and Housing Bureau

(i) Dizaayiniin daandiiwwanii magaalaa keessatti qophaa'u akkaataa maanuwaalii Abbaa Taayitaa Daandiiwwan Itoophiyaa raawwatamu ta'a.

**12.** HaalaQophii Dizaayinii Bo'oo lolaa

Dizaayiniin Bo'oo lolaa yeroo qophaa'u:

1) Dizaayiniin bo'oo lolaa yeroo qophaa'u haala teessuma lafa magaalichaa yaada keessa galcheen ta'uu qaba
2) Yaa'insa bo'oo lolaa magaalaa waliin kan walsimuu ta'uu;
3) Iddoo balfaa fi bakki ijaarsaaf filatame haala dhiibbaa naannoo hin qaqqabsiifnee ta'uu

**13.** Qophii Dizaayinii Qeeraa

1) Dizaayiniin Qeeraa magaalaa keessatti qophaa'u qabeenya bishaanii lafa jalaa fi gubbaa irratti argamu akkaataa hin faalleen ta'uu;
2) Hawaasa naannoo irratti karaa dhiibbaa hin qaqqabsiisneen ta'uu;.
3) Haalli dhabamsiisa balfi qeeraa keessaa itti bahu qophii dizaayinii keessatti kan hammatame ta'uu;

**14.** Haala Qophii Dizaayinii Giddugala gabaa

Qophiin dizaayinii giddugalli gabaa ijaaramu;

1) Akkaataa pilaanii magaalaatiin ta'uu;
2) Naannoo sochiin diinagdee jiru;
3) Bu'uuraalee misoomaa kanneen akka ibsaa, bishaan, daandii, mana fincaanii fi kan biroo hammachuu

**15. Ijaarsi Pirojeektota Bu'uuralee Misoomaa**

1) Iddoon ijaarsi pirojeektonni bu'uuraale misoomaa itti gaggeeffamu bu'uura waliigalteen qaama ijaarsa gaggeessuu waliin walharkaa fuudhiinsi gaggeeffamuu qaba.
2) Ijaarsi bu'uuraalee misoomaa gaggeeffamu kamiyyuu ogeessa gahumsa qabuun hordofamuu qaba.
3) Ogeessi pirojeektii bu'uuraalee misoomaa hordofu xalayaan kan ramadamu ta'ee abbummaadhaan ittigaafatamummaa fudhatee hordofuu qaba.
4) Ijaarsi bu'uuraalee misoomaa gaggeeffamu kamiyyuu akkaataa waliigaltee raawwatameen dizaayinii fi ispeesfikeeshinii eegee raawwatamuu qaba.
5) Dizaayinii, ispeesifikeeshinii fi sanadni waliigaltee iddoo ijaarsi itti gaggeeffamutti argamuu qaba.

6) Yeroo ijaarsi gaggeeffamu ogeessi akka hordofuuf ramadame "**site book**" irratti ajaja hojii kennu barreeffamaan galmeessuu, gabaasa raawwii hojii fizikaalaa fi faayinaansii yeroo yerootti dhiyeessuu qaba.
7) Yeroo ijaarsi gaggeeffamu meeshaaleen ijaarsi ittiin gaggeeffamu qulqullina isaa yeroo yeroon hordofuun bakka rakkoon qulqullinaa jirutti tarkaanfii sirreeffamaa akka fudhatamu taasisuu qaba.
8) Ijaarsi pirojeektotaa yeroo gaggeeffamu koreen hawaasaa bakka ijaarsi itti gaggeeffamutti argamuun hordoffii yeroo yeroon taasisuu qaba

KUTAA SADII

Sirna Bulchiinsa Pirojeektota Bu'uuraalee Misoomaa

**16. Walharkaa Fudhiinsa Pirojeektota Bu'uuraalee Misoomaa**

Pirojeektota bu'uuraalee misoomaa ijaarsi isaanii xumurame walharkaa fudhiinsi kan taasifamu;

1) Walharkaa fuudhiinsi pirojeektiicha kan taasifamu erga ogeessa dhimmi ilaallatuun akka waliigaltee keessatti taa'een xumuramuun isaa mirkanaa'ee ta'a;
2) Walharkaa fuudhiinsi pirojeektii misoomaa kan taasifamu bakka abbaan pirojeektii, koree projektii fi koree misoomaa hawaasaa arganamitti raawwatamuu qaba.
3) Pirojeektiin bu'uuraalee misoomaa magaalaa keessatti hojjatamu akkaataa waliigalteen seektara abbummaan pirojeektii bulchuuf seeraan darbuu qaba.
4) Pirojeektiin misoomaa ijaarsi xumuramee walharkaa fuudhiinsi akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1-3) jalatti tumameen yoo raawwate, seektara pirojeektichi ilaallatuun kan bulu ta'a.
5) Pirojeektiin ijaarsi isaa xumuramee yoo walharkaa fuudhiinsa taasifame, seektara pirojeektichaa bulchuun tajaajila hawaasaaf banaa ta'uu qaba.

**17. Bulchiinsaa Pirojektoota Bu'uuraalee Misoomaa**

Bulchiinsi pirojeektota bu'uuraalee misoomaa magaalota keessatti gaggeeffamu akkaataa armaan gadiitiin raawwatamu qabu;

1) Bu'uuraaleen misoomaa baajataa kaappitaalaa Mana Qopheessaa, deeggarsa mootummaa, dhaabbilee misoomaa idil addunyaa, deeggarsa dhaabbilee arjoomtotaa, hirmaannaa uummataafi kan biroon ijaaramanii qabeenyummaan isaanii kan bulchiinsa magaalaa ta'e hunda lakka'uu fi sadarkaa irra jiran waliin ragaan guutuun ta'e akka magaalaatti qindaa'ee jiraachuu qaba.

2) Bu'uuraaleen misoomaa fiziikaalaa, hawaasummaa fi diinagdee ta'an qabeenyummaan isaanii kan bulchiinsa magaalaa ta'e hundi bulchiinsi isaanii seektara kam harkaa akka jiru adda bahee ragaa isaanii qabamu qaba.

3) Seektarri Bu'uuraaleen misoomaa harka jiru yeroo itti fayyadaman nageenyummaa qabeenyichaa eeguu fi kunuunsuu qaba.

4) Pirojeektota suphaa barbaadaan seektarri aangoo bulchuu fi itti fayyadamu kennameef suphaa gaggeessuun yeroon tajaajila qabeenyichaa akka dabalu taasisuu ni danda'a.

**18. Suphaa Pirojeektota Bu'uuraalee Misoomaa**

Suphaan pirojeektoota bu'uuraalee misoomaa magaalaa keessatti ijaaraman:

1) Manni Qopheessaa yookiin seektarri dhimmi ilaallatu sadarkaa magaalaatti pirojeektii suphaa barbaadu adda baasee bara bajaataa keessatti karoorfachuu;

2) Qaamni bu'uuraalee misoomaa irratti miidhaa qaqqabsiise yookiin mancaase akka suphu yookiin akka bakka buusu ni taasifama;

3) Qaamni bu'uuraalee misoomaa mancaase yookiin miidhaa qaqqabsiise bu'uura tilmaama dhiyaateen akka bakka buusu ni taasifama;

4) Tilmaamni gatii suphaa kan raawwatu bu'uura tilmaama waajjirichi dhiyeessu irratti hundaa'uun ta'a.

5) Dhaabbileen misooma mootummaa adda addaa misooma gaggeessan keessatti bu'uuraalee misoomaa magaalaa keessatti argaman irratti yoo miidhaa fi mancaatii gessisan, bu'uura tilmaama dhiyaateen miidhaan qaqqabe sana bakkatti akka deebisan yookiin suphan taasifamuu qaba.

**19. Itti Fayyadama Daandii**

Daandiiwwan magaalaa keessatti ijaaramanii tajaajila kennaa jiran itti fayyadamni isaanii:

1) Kaayyoon yookiin tajaajila ijaaramaniif akka oolan taasisuu;

2) Meeshaaleen ijaarsaafi kanneen biroo daandii irratti akka hinbuufamne taasisuu;

3) Ulfaatina hayyamame murteessuun mallattoo kaa'uu;

4) Qaamni daandii magaalaa hayyama malee kaayyoo biroof fayyadamu yookiin akka cufamu taasise akkaataa Seera rogummaa qabuutiin kan itti gaafatamu ta'a.

**20. Haala Itti Fayyadama Bo'oo Lolaa**

Bo'oon lolaa magaalaa keessatti miidhaa lolaa magalichaa irraa ittisuuf hojjatame; ittii fayyadamni isaa haala arman gadin ta'u qaba;



Biiroo Misooma Magaalaa fi Manneenii Oromiyaa
Mana Galmee
Oromia Urban Development and Housing Bureau

1) Balfa dhangala'aa mana nama dhuunfaa keessaa bahu bo'oo lolaa waliin walqunnamsiisuunkan hin hayyamamne ta'uu;
2) Balfaa goggogaa mana dhuunfaa yookiin dhaabbilee keessaa bahu bo'oo lolaatti gatuu dhorkaa ta'uu;
3) Bo'oo lolaa irratti yookiin biratti ijaarsa dhuunfaa gaggeessuufi tajaajila biroof fayyadamuun kan hin hayyamamne ta'uu;
4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1-3) jalatti kan tumame darbee balfa goggogaa yookiin dhangala'aa bo'oo lolaatti gate seera rogummaa qabuun kan gaafatamu ta'a.

## KUTAA AFUR

### Gahee Hojii fi Itti Gaafatamummaa Qaamolee Adda Addaa

**21. Aangoo Biiroo**

Aangoofi gaheen hojii seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee, qajeelfama kana keessatti Biiroon gahee hojii armaan gadii ni qabaata.

1) Qajeelfama misoomaafi bulchiinsa bu'uuraalee misoomaa qopheessuun magaalota sadarkaa hunda irra jiran bira akka gahu gochuu fi qajeelfama kana irratti magaalonni hubannoo akka argatan ni taasisa.
2) Magaaloota keessatti bu'uuraleen misoomaa karoorfaman haala qajeelfamaatiin raawwatamaa jiraachuu ni hordofa, ni to'ata, tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata.
3) Karoora pirojektii bu'uuraalee misoomaa magaalonni waggaa waggaan karoorfatan xiinxaluun ni mirkaneessa.
4) Magaalonni qabeenyaa bu'uuraalee misoomaa qaban lakka'uun galmeeffachuu isaanii ni hordofa.
5) Magaalonni akkaataa qajeelfama kanaatiin bu'uuraalee misoomaa kunuunsaa fi eggumsaa taasisaa jiraachuu ni hordofa, ni to'ata, tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata.
6) Magaalonni suphaa pirojektoota bu'uuraalee misoomatiif baajata qabachuun suphaa gaggeessaa jiraachuu isaanii ni hordofa.
7) Bu'uuralee misooma magaalaa keessattii gaggeeffaman akkaataa diizayinii fi ispesifikeshinii isaa eeggateen raawwatamaa jiraachuu ni hordofa, ni deegaraa, tarkaanfii sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa.
8) Magaalotaa fi Gandoota baadiyaa bu'uuraalee misoomaan akka walitti hidhamanii ni deggara, ni hordofa, ni to'ata.

**22. Waajjira Mana Qopheessaa**

Manni Qopheessaa aangoofi gahee hojii seerota birootiin kennameef akkuma eeggametti ta'ee qajeelfama kana keessatti gahee hojii armaan gadii ni qabaata.

1) Fedhii bu'uuraalee misoomaa hawaasaa sadarkaa Aanaa fi Gandatti adda baasuun qindeessuu ni qabata.
2) Karoora pirojeektota bu'uuraalee misoomaa akka magaalaatti jiru qaamolee dhimmi ilaallatu waliin ta'uun ni qindeessa.
3) Qophii dizaayinii bu'uuraalee misoomaa haala qajeelfama irra jiruun yeroon ni qopheessaa; akka qophaa'uu ni tasisaa.
4) Caalbaasiin pirojeektota bu'uuraalee misoomaa yeroon akka bahu ni taasisa.
5) Ijaarsi pirojeektota bu'uuraalee misoomaa yeroo gaggeeffamu ogeessa gahumsa qabu ramaduun raawwii isaa yeroo yeroon ni madaalaa ni to'ata.
6) Bu'uuraalee misoomaa qaamolee adda addaatiin ijaaramanii hawaasaa magaalaaf tajaajila kennaa jiran qaamolee dhimmi ilaallatu waliin ta'uun akka lakka'amuufi karoorri hooggansa qabeenya bu'uuraalee misoomaa akka qophaa'uu abbummaan ni qindeessa.
7) Bu'uuraalee misoomaa Mana Qopheessaatiin ijaaramaniifi tajaajila kennaa jiran sadarkaa irra jiran adda baasuun yeroo yeroon suphaa ni gaggeessa.
8) Ijaarsaafi bulchiinsaa bu'uuraalee misoomaan walqabatee eeruun koree misoomaa hawaasaa irraa dhufu xiinxaluun bakka rakkoon jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata.

**23. Waajjira Abbaa Taayitaa Konistiraakshinii**

Aangoofi gahee hojiin seerota birootiin kenname akkuma eeggametti ta'ee qajeelfama kana keessatti gahee hojii armaan gadii ni qabaata.

1) Qorannoo bu'a qabeessummaa pirojeektota ijaarsaa adda addaa ni gaggeessa.
2) Diizaayinii pirojeektota bu'uuraalee misoomaa qophaa'anii dhiyaatan yeroon ni mirkaneessa.
3) Sanada bittaa hojiifi tajaajila gorsaa ijaarsaa qophaa'e xiinxaluun ni mirkaneessa.
4) Kaffaltii pirojeektota bu'uuraalee misoomaa ni mirkaneessa.
5) Walharkaa fuudhinsi pirojeektota bu'uuraalee misoomaa gaggeeffamu irratti qaama dhimmi ilaalu waliin ni hirmaata.



Mana Gaheee · Oromia Urban Development and Housing Bureau

**24. Waajjira Maallaqaa**

Aangoofi gahee hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eeggametti ta'ee qajeelfama kana keessatti gahee hojii armaan gadii ni qabaata.

1) Baajanni pirojeektota bu'uuraalee misoomaaf qabame hojii irra akka oolu ni taasisa.
2) Gaaffii kaffaltiin pirojeektota bu'uuraalee misoomaa dhiyaatu yeroon ni rawwata.
3) Walharkaa fuudhinsi pirojeektota bu'uuraalee misoomaa gaggeeffamu irratti qaama dhimmi ilaalu waliin ni hirmaata.

**25. Hundeeffama Koree Misoomaa Hawaasaa**

Koreen Misoomaa hawaasaa kan hundeeffamu jiraattota magaalaa kutaa magaalaa yookiin Aanaa Magaalaa yookiin Ganda ijaarsi pirojeektiin bu'uuraalee misoomaa keessatti gaggeeffamu irra ta'ee;

1) Koreen misoomaa hawaasaa sadarkaa gandaafi gooxiitti miseensa nama 3- 5 (sadii hanga shan) qabaatee ijaaramuu ta'a.
2) Koree hundeeffamu keessatti dubartoonni 1 (tokko) ganda Magaalaa yookiin Aanaa Magaalaa yookiin gooxii irraa miseensa ta'uu qaba.
3) Koreen kun namoota muuxannoofi hubannoo hojii qaban irraa kan hundefamu ta'a.
4) Barri hojii koree waggaa 2 (lama) ta'a.
5) Itti waamamni koree misoomaa hawaasaa Waajjira Mana Qopheessaa ta'a.

**26. Gahee Hojii Koree Misoomaa Hawaasaa**

Koreen Misoomaa Hawaasaa ijaarsaafi bulchiinsa bu'uuraalee misoomaatiin walqabatee gahe armaan gadii ni qabaata.

1) Ijaarsi pirojektootaa yeroo gaggeeffamu bakka ijaarsi gaggeeffamutti argamuun hordoffii ni taasisa.
2) Ijaarsi pirojeektota misoomaa yeroo gaggeeffamu hanqinoota jiran ogeessa hordofuuf yookiin Mana Qopheessaaf eeruu kennuun akka sirreeffaman ni taasisa.
3) Pirojeektota ijaarsi isaanii xumuramee tajaajila kennaa jiran ilaalchisee jiraataa qindeessuun eegumsa ni taasisaa.
4) Pirojeektota tajaajila kennaa jiran irra mancaatiin yoo gahe qaama mancaatii yookiin miidhaa qaqqabsiise irratti tarkaanfiin akka fudhatamu qaama ilaallatuuf eeruu ni kennu, raawwatiinsa isaa ni hordofa.

**27. Gahee Hojii Mana Maree Magaalaa**

Aangoofi gaheen hojii seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee, qajeelfama kana keessatti Manni Maree Magaalaa yookiin Aanaa Magaalaa yookiin Ganda Magaalaa gahee hojii armaan gadii ni qabaata.

1) Karoora pirojeektota bu'uuraalee misoomaa kaappitaalaa bara baajataatti hojjatamuuf akka bulchiinsa magaalaatti qophaa'u xiinxaluun ni mirkaneessa.
2) Pirojeektota bu'uuraalee misoomaa magaalaa keessatti hojjatamaa jiran irraa ummanni magaalaa fayyadamaa ta'uu isaa ni mirkaneessa.
3) Akkaataa karooraan pirojeektonni hojjatamaa jiraachuu ni hordofa, yoo rakkoon jiraate tarkaanfii sirreeffamaa akka fudhatamu kallattii qaama raawwachiisaaf ni kenna.

KUTAA JAHA

**Tumaalee Adda Addaa**

**28. Dirqama Deeggarsa Kennuu**

Qaamni kamiyyuu hojiirra oolmaa qajeelfama kanaatiif deeggarsa barbaachiisaa ta'e kennuuf dirqama qaba.

**29. Aangoo Qajeelfama fooyyessuu**

Biiroon qajeelfama kana fooyyessuu yookiin jijijjiiruu yookiin haquu ni qabaata.

**30. Seerota Raawwatiinsa Hinqabaanne**

Qajeelfamni yookiin baarmaatiileen dhimmoota qajeelfama kana keessatti hammatamaniin walfaallessan kamiyyuu raawwatiinsa hinqabaatan.

**31. Yeroo Qajeelfamichi Hojiirra Itti Oolu**

Qajeelfamni kun guyyaa Caamsaa 22, Bara 2016 irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Finfinnee, Oromiyaa

Obbo Mohaammad Guyyee Araarsoo

Hoogganaa Biiroo Misooma Magaalaafi Manneenii Oromiyaa